

# ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT



جبهة تحرير اورومو

Gaafa: 10-03- 2012  
Date:

تاريخ

Lakk.: 004/stm-abo/2012  
No.:

رقم

## Qabsoo Bilisummaa Oromootti Hurrii Maruuf Tattaafatni Godhamu Milkaawee hin Beekuu

### Ibsa Adda Bilisummaa Oromoo

Mootummaan Wayyaanee qabsoo sirna isaa irratti geggeeffamaa jiru, keessumattuu sochii ABO fi diddaa Oromiyaa keessatti babal'ataa jiru ukkaamsuuf yaalus itti milkaawaa hin jiru. Firoottan isaa kan harka isarra qabanis madaa sirnichaa fayyisuuf yoo tattaafatan irra deddeebi'ee mul'ateera. Ji'oota jahan dabran kana keessa ammoo mootummaan Wayyaanee daranuu sochii ABO fi diddaa Oromiyaa keessaatiin hudhamee waan qabatuu fi gad dhiisu wallaalaa jira. Kanarraa kan ka'e toftaaleen dolloomoon kanaan dura dhimma itti bahaa ture adda addaa irra deebi'ee hujoomsaa jiru ammaas akkuma kanaan dura kan fashalu tahuu hubachiifna.

Sirni TPLF/EPRDF yaaddoo seene kana keessaa of baasuuf jecha itti deddeebi'ee akka furmaataatti kan itti mul'ate, keessaanis alaanis Adda Bilisummaa Oromoo danda'amu diiguu dadhabamu ammoo dadhabsiisuuf tattaafachuu dha. Kana cinaatti ammoo gargaarsifatuun haasaa nagaa, konfaransii fi araaraqaboo manguddootaa fi kkf jechuun qabsaawota ABO qoqqoodee wal dura dhaabuuf ijibbaataa bahe, ammas kanumatti jira. Waggoottan digdama dabran guutuu dhaaba kana alaan waraaneen injifachuu waan dadhabeef yoo danda'ameef keessaan jeequu karoofatee ittiin hojjachaa bahe. Tokkummaa jaarmayummaa ABO diigee laamshessuuf jecha maqaa araaraatiin miseensota hanga tokko booji'atee harkatti galfachuu barbaada. Dhaabota haaraa maqaa ABO dhahatan yookiis maqaa biroo moggaafatan bibixxiluudhaan ummata Oromoo hamilee cabsuu fi humna isaa gargar facaasuu hawwa.

Diinni aangoo irra jiru gochaa diigmayaa kana milkeeffachuuf kanneen ofiifis tahee ummata isaaniif kabajaa hin qabne akka meeshaatti dhimma itti bahaa jiraate. Keessumattuu ABO ummata irraa adda baasuuf randaa hin bahinii fi sulula hin bu'in hin qabu. Garuu itti hin milkoofne. Fakkeenyaaf, gaafa ABO Mootummaa Cehumsaa keessaa dhiibee baase san 'Selaamaawii ONEG' jedhee waa bixxilee Oromoo dura qabuuf yaalu illee ummanni keenya dafee itti dammaqqee harkatti dide. Yeroo ammaantanaas ABO fi hoggana isaa irratti duula ololaa banuu fi bansiisuudhaan mooraa QBO keessatti jeequmsii fi afanfaajjiin akka dhalatu ijibbaataa jira. Dhaaba irriba isa dhorkate Adda Bilisummaa Oromoo dadhabsiisuuf jecha dhaaba akka masaanuutti tajaajilu kan biraa haaraya bixxiluuf yookiis bixxilchiisuuf karaa cirachaa jiraachuutu mul'ata. [Yeroo itti mooraa QBO xaliilawaa jiru kanatti, yeroo itti ilmaan Oromoo kan duraan ololaan afanfaajjawanii turan amma dhugaa fi dhara adda baafatanii dhaaba isaanii itti deebi'uuf jiran kanatti sochii diigmayaa kana geggeessuun diinaa nama hin raaju. Diinni silas diinuma waan taheef; mataan ilmaan Oromoo walitti deebi'uun isaaf yaaddoo dha.

Kana irratti ummata keenya kabajamaa biyya keessaa fi ala jiraatuuf dhaamsa gurguddaa lama dabarsuu barbaadna. Kan duraa, waa'ee dhaaba haaraa bixxiluuf tattaafatamaa jiruu kan laalu taha. Rakkoon qabsoo bilisummaa Oromoo lakkoofsi dhaabota Oromoo xiqqaachuu irraa kan madde miti. Bara Addi Bilisummaa Oromoo hundeeffame irraa qabee hanga har'aantanaatti dhaabonni maqaa adda addaa qaban haarayatti dhadhalataatuma yoona gahan. Humna namaa, diinaggee, yeroo fi beekkomsa silaa qabsoo farra mootummaa gabroonfattuu irratti finiinsuuf oolfachuu malle bilaashumatti qisaasuu irraa kan hafe

bu'aan fofottoqiinsaa fi bibixxilama kana mara irraa argame hin jiru.

Borus dhaaba haaraa bixxiluun yookiis, ABO irraa waa fottoqsuuf ijibbaachuu jechuun fedhii Wayyaanee guutuuf hojjechuu yoo taate malee Oromoof furmaata homaattuu hin argamsiisu. Kan furmaata tahu dhaaba ilmaan Oromoo wareegamaan dabarsanii asiin gahan jabeeffatanii qooda qabsaayummaa fi lammummaadhaa gahummaadhaan gumaachuu qofa akka tahe yaadachiifna. Kanaafuu ummanni keenya, addatti ammoo qabsaayonni biyya keessaa fi alaa rakkoo dabalataa kan dhaaba isaanii irratti aggaamamaa jiru of irraa qolachaa qabsoo sirna Wayyaanee irratti eegalan akka finiinsan dhaamna.

Mootummaan Wayyaanee yeroo hunda yeroo sochiin fi diddaan itti jabaatee hudhamu hunda maqaa araaraa kijibaan tiin yoo danda'e qabsicha ofitti booji'achuuf, yoo dadhabes qalbii ummataa fi deggartootaa hiree gidduu isaaniitti qoqqoodama dhalchuuf waggaa digdama dhama'e; har'as ijibbaataa jira. Kun kan irra deddeebi'ame dha. Addi Bilisummaa Oromoo dhimma araaraa mootummaa Wayyaanee waliin tahuu malu irratti imaammata isaa dhaabbataa irra deebi'ee ifa gochuu barbaada. Mootummaan Wayyaanee gaaffii ummata Oromoof deebii karaa nagaa kennuu kan dhugaan barbaadu yoo tahe, dhoksaa tokkoon maleetti bifa ummata bal'aa fi addunyaaf ifaa tahetti, bakka gareen sadaffaa addunyaa irratti beekamaan jirutti, haal-duree tokkoon maleetti, biyya sadaffaatti haasawuuf ABO imaammata isaa irra deebisee yaadachiisa. Kana irraa kan hafe maqaa konfaransii, maree manguddummaa fi kkf jedhuun sochiin gowwoomsaa mootummaa aangoo irra jiruun duubaan dhiibamu gonkumaa fudhatama akka hin qabne hubachiifna.

Walumaa galatti qabsoo WBO, miseensotni keenya fi ummatni keenya gaggeessaa jiranitti hurrii maruuf tattafatni bifa kamiinuu godhamu qabsoo ummataatiin akkuma kanaan duraa kan fashalu tahuu kanuma waliin hubachiifna.

Gadaan Gadaa Bilisummaa ti!  
Injifannoo Ummata Oromoof!

Adda Bilisummaa Oromoo

Bitootessa 10, bara 2012